Teessoowwan Olka'aa

Teessoo Olka'aan maali?

Teessoo olka'aa jechuun teessuma konkolaataa hidhaa/ qabattoo hin qabne jechuu dha. Kunis daa'imi akka ol ka'u kan taasisu ta'ee gudeedaa fi gatteettiin daa'imaa akka qixa sirriin taa'u ni taasisu. Teessuma olkaasaa kana daa'imman kan fayyadaman teessoo konkolaataaf wayita guddaa ykn ga'aa ta'an ta'ee, garuu, qabattoo teessoo namoota ga'eessaaf yeroo ga'aa hin ta'iin dha. Qabattoon teessoo sirriitti hin galiin ykn wal qixxaataa ta'ee hin hidhamiin wayita balaan dhaqqabu daa'ima keessan balaa irraa hin ittisu. Teessoowwan olka'aan qabattoo gudeedaa fi gateettii waliin tajaajilarra ooluu qabu. Qabattoo teessoo gudeeda tokkoo istaayilii qabu qofa gonkumaa hin fayyadamiinaa.

Daa'imti koo kan teessuma olka'aatiif ga'aa ta'u yoomi?

Daa'imti keessan hamma daangaa hojjaa/ dheerina ykn ulfaatina teessoo konkolaatichaaf hayyamame bira hamma gahu/geessutti daa'ima kana teessoo konkolaataa isa fuulduraa keessa hidhaan/ gamada qabattoon kaa'aa. (Qajeelfama oomishaa hordofaa) Yoo teessoo konkolaataa isa fuulduraa darbanii isa laargu ta'e, teessoo olka'aarra taa'anii deemuu ni danda'u. Daa`imi kessan tesso olka`a a fayyadamuun dura paawundii 40 hamma 60 ulfaachuu qaba. Kutaa Biyyaa waashingitan keessatti, daa'imman hamma umuriin isaanii waggaa 8, ykn hojjaan isaanii dheerina kophee 4, inchii 9 (Inchii 57) guutanitti seerri akka teessoo olka'aa irra taa'anii deeman taasisu ni jira. Daa'imman umuriin isaanii waggaa 13 gad ta'e wayita danda'ame hunda teessoo dudduubaarra taa'uu qabu.

Konkolaataan koo teessoo dudduubaa irraa qabattoo gudeedaa qofa of irraa qabdi. Maal naaf wayya?

Filannoowwan kanneen keessaa isa tokko yaalaa:

- Teessoo olka'aa qabattoo gudeedaa fi gateettii waliin teessuma isa fuula duraatti fayyadamaa. Dugda teessoo fuulduraa daa'ima keessan hamma daash boordii irraa ittisuu/eeguu dandeessanitti dhiibaa. Konkolaataan keessan **Air bag** yoo qabaate cufaa ykn dhaamsaa.
- Isin dirqama qabattoo gudeedaa qofa kan fayyadamtan yoo ta'e, daa'imti keessan teessuma olka'aa osoo hin fayyadamiin gudeeda isaa/ishee irra xiqqeenyaan fi jabinaan keewwachuu/uffachuutu irra jiraata.

Teessoo olka'aa akkamiitu jiru?

Gosoota teessoo olka'aa lamatu jiru.

- **Teessoo Olka'aa dudduuba hin qabne:** Teessoo dudduubaa irratti konkolaattota keessatti bakka mataa irra boqochiifatan waliin faayidaarra oola. Mataan daa'ima keessanii mataa fi morma isaa utubuuf /deeggaruuf boqochiisa mataa irra haala mijataan yoo hin boqotiin, teessoo dudduubni isaa olka'aa ta'e fayyadamaa.
- **Teessoo Dudduuba Olka'aa:** Konkolaattota boqochiisa mataa qaban ykn hin qabne keessatti fayyadamuun ni danda'ama.



Teessoo dudduuba olka'aa hin qabne



Teessoo Dudduuba olka'aa

Caalaatti barachuuf

- Weebsaayitii Qindoomina Teessoo Olka'aa www.boosterseat.org
- Qindoomina Eegumsa Nageenyaa
  - 425-828-8975 or 800-282-5587 (800-BUCK-L-UP)
  - www.800bucklup.org
- www.seattlechildrens.org
- Kennaa Tajaajila Fayyaa Daa'ima Keessanii

Daa'imman Siyaatil odeeffannoo kanneen wayita gaafataman filmaataan akka argaman ni taasisu. Odeeffannoo Maarkeetiingii/Dhimma Qo'annaa Gabaa lack: 206-987-5205 ykn 206-987-2280 (TTY)'n bilbilaa.

Haandaawutii/barreeffamni kun Daa'imma Siyaatilitti hojjettoota kilinikaalan madaalamee ykn gamaaggamamee jira. Haata'uutii, fedhiin daa'ima keessanii adda dha. Odeeffannoo kana wabattanii wanta tokko raawwachuu ykn deebii kennuun dura, kennaa tajaajila fayyaa daa'immanii keessan wealiin mari'adhaa.

© 2004, 2007, 2010, 2011 Hospitaala Daa'immanii Siyaatil, Siyaatil, Waashingitan, Mirgi Hunduu Eegamaa dha.